Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Kakuu Waaqayyoo Abrahaamiif

Kan barreeffame: Edward Hughes
Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Kan dagaagsame: M. Maillot; Tammy S.
Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia
Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

BFC
PO Box 3
Winnipeg, MB R3C 2G1
Canada

©2020 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Lolaa sana yeroo
dheeraa booda,
namoonni biyya lafaa
irraa karoora baafatan.

“Magaalaa guddaa utubaan isaa samii ga’u ijaarra” jedhan. “Yeroo hundumaa waliin haa jiraannu.” Hundi isaanii afaan tokko dubbatu.


Waaqayyo namoonni guutummaa biyya lafaa irra akka jiraatan barbaade. Kanaaf waan adda ta'e tokko hojjete. Akka tasaa, gareen namootaa afaan adda addaa dubbachuu eegalan. Waaqayyo afaanota haaraa isaaniif kenne.

Namoonni afaan tokko dubbachaa turan sun addaan faca'an. Tarii namoonni namoota hubachuu hin dandeenye isaan kaan sodaatan.

Haala kanaan, Waaqayyo akka namoonni biyyoota adda addaa guutan taasise. Magaalaa isaan keessee ba'an sun Baabiloon jedhama, hiikni isaas



Waggoota booda,
biyya Kaliidotaa bakka
Uur jedhamutti,
Waaqayyo nama
Abraam jedhamutti
dubbate. "Biyy kana
keessaa ba'i" jedhee
isa abboome
Waaqayyo.
"Gara biyya
ani si
argisiisuu
deemi."



Abrahaam ni abboomame. Waaqayyo Kana'aanitti isa geesse. Haati manaa isaa Saaraa fi ilmi obboleessa isaa Loox isa waliin deeman.



Kana'aan keessatti, Abrahaamii fi Loox lachuun isaanii ni durooman. Loon hedduu horatan. Horii hedduu sanaaf bakki dheedichaa ga'aan hin turre.



Warri horii Loox tiksan warra horii Abrahaam tiksan wajjin wal lolan. Abrahaam, "Lolli nu gidduutti hin ta'iin" jedhe. "Adda baana. Loox, ati bakka filatte fudhatta."

Loox lafa diriiraa marga gaarii qabu kan magaalonnii fi gandeen keessa jiran filate. Iddoon sun gaarii fakkaata. Magaalonni sun garuu namoota xuraa'oon guutamanii turan.


Erga Loox isa irraa
adda ba'ee, Waaqayyo deebisee
Abrahaamitti dubbate. "Bara
baraan lafa Kana'aan sii fi ijoollee
keef dhaala godhee kenneera."

Abraamii fi Saaraan ijoollee hin qaban turan. Waaqayyo waadaa isa guddaa kana akkamitti raawwata?

Namoonni sadii Waaqayyo biraa gara Abraamii fi Saaraa dhufan. "Daftee mucaa godhachuuf jirta" ittiin jedhan. Saaraan ni kolfite. Isheen ergaa Waaqayyoo hin amanne.

Dubartii waggaa sagaltamaa turte. Waaqayyo kana booda Abraam maqaan isaa Abrahaam (abbaa ol qabamaa) akka jedhamu; Saaraan immoo Sahaaraa (giiftii) akka jedhamtu itti dubbate.

Itti fufees Waaqayyo magaalota xuraa'oo lamaan, Sodoomii fi Gomoraa, akka balleessu Abrahaamitti dubbate.
Ilmi obboleessa Abrahaam, Loox maatii isaa waliin
Sodoom keessa jiraata ture.

Loox yeroo dheekkamsi Waaqayyoo dhufe ni amane, abbaa manoonni durboota isaa garuu Sodoom keessaa ba'uu didan. Akkam nama gaddisiisa! Isaan dubbii Waaqayyoo hin amanne.

Looxii fi durboota isaa qofatu fudhate. Magaalonni xuraa'oon sun ibiddaa fi dhagaa boba'uun barbadoofte.
Haala nama gaddisiisuun, ...

... haati manaa Loox
akeekkachiisa Waaqayyo
kenneef sanaaf abboomamuu
diddee gara booddee ishee ilaalte.
Utubaa ashaboo
taatee hafte.



GOOFTAAN kakuu Abrahaamii fi Sahaaraaf gale ni raawwate. Akkuma Waaqayyo dubbatee ture, bara dulluma isaaniitti mucaa godhatan. Yeroo Yisihaaq dhalatan akkam gammadan laata!

Tarii Abrahaam
waa'ee kakuu
Waaqayyo biyya
Kana'aaniin bara
baraan isaa fi
ijoollee isaaf
kennuuf
kakates
yaadaa ture.

Waaqayyo kakuu sanas immoo ni eega. Waaqayyo yeroo hundumaa kakuu isaa ni eega.

Kakuu Waaqayyoo Abrahaamiif

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Uumamaa 11-21

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16